

# Babal’insa Daldala Fresh Bucks

## Adeemsa Filannoo Daldala Nyaata Xixiqqaa Irratti Ilaalcha Waliigalaa

Bitootessa 2021  
Magaalaa Seattle

### Gabatee Qabiyyeewwanii

<a href="#">I. Seenaa Dudduubee fi Seensa</a> .....	2
<a href="#">II. Ilaalcha waliigalaa adeemsa filannoo</a> .....	2
<a href="#">III. Ulaagaalee Seera qabeessummaa</a> .....	3
<a href="#">IV. Duraaduuba yeroo fi odeeffannoo Sagantaalee</a> .....	5
<a href="#">V. Qindeessii E-Benefit fi Qabeenyota Jalqabbihojii daldaloota filatamaniif</a> .....	7
<a href="#">VI. Ulaagaalee Maamiltoota filatamaniif</a> .....	8
<a href="#">VII. Gaaffilee Guca Fedhii fi Seera Qabeessummaa Daawwannaa Bakkaa hojii</a> .....	10
<b>APPENDIX A: Kaartaa fi Ibsa Kenninsa Ollaawwan Dursi kennamuufii</b> .....	13

### Guca Fedhii – Guyya dhumaa, Caamsaa 14, 2021

Gucni fedhii ittiin agarsiistan qajeelfama ittiin galchitan waliin [bakka kanatti ni argama akkasumas](#) guyyaan xumuraa **Caamsa 14 sa’aatii 11:59 p.m irratti**. Daldaltoonni fedhii qabdan guca fedhii ittiin agarsiistan kana osoo deebistanii hin galchiin dura galmee kana akka gamaggamtan isin jajjabeessina

### Gaaffilee qabduu?

Waayee Fresh Bucks yookin adeemsa filannoo isaa irratti gaaffii yoo qabaattan, maaloo karaa imeeyilii Alyssa Patrick [FreshBucksRetail@seattle.gov](mailto:FreshBucksRetail@seattle.gov) irratti yookin karaa bilbilaa 206-256-5501 nu qunnamaa. Yeroo bilbiltan, maaloo ergaa gabaabaa kan afaan isin dubbattan agarsiisuu nuuf kaa’a, akkasumas nama turjubaana isiniif kennu waliin deebisnee isiniif bilbilla.

## I. SEENA DUDDUUBEE FI SEENSA

Fresh Bucks sagantaa nyaata fayyaa kan Seattle itti bu'ureeffamee kan maatiiwwanii fi namootni dhuunfaa baajeta nyaataaf qaban akka ittiin dheereffatan gargaaruuf Waajira Dagaaginaa fi Naannoo Seattle iin gaggeeffamudha. Amajjii 2021 irraa kaasee, maatiiwwan hanga 12,000 ta'an sagantaa voocharii Fresh Bucks keessatti galmaa'anii jiru. Maatiiwwan hirmaatan ji'aan **kuduraa fi muduraalee** gabaawwan qoteebulootaa, dhaabbii lafaa fi kuusaawwan hirmaatanii irraa akka bitaniif \$40 ni argatu.

Fresh Bucks nyaata madaalawaa gatii gadii aanaadhaan argachuudhaaf hawaasni Latinx, Gurraachi/Afrikaa Ameericaa, Ameerikaan Indiyaa/Alaska Nativ (American Indian/Alaska Native, AIAN), fi Naatiiv Hawaaiin Paasifik Ayislaander (Native Hawaiian Pacific Islander, NHPI), akkasumas qubattooni, keessumaayyuu kanneen rakkoo afaanii qaban, karaa voochariiwwan Fresh Bucks keessatti hirmaachuudhaan garaagarummm sanyii balleessuu irratti kan xiyyeeffatedha. Bara 2020, kanneen galmaa'an keessaa 70% kan ta'an

### Babal'insa Daldala Fresh Bucks

Bara 2021, Fresh Bucks voocharii, maamiloota fi daldaloota lamaaniifuu akka faayidaa kana itti fayyadamaniif salphisuudhaaf waraqaa irraa gara siistema e-benefit itti ce'aa jira. Gara Siistema haaraa kanatti yeroo ceenutti, Magaalaanis neetwoorkii daldala Fresh Bucks babal'isaa jira. Fresh Bucks daldaloota naannoowwan kuusaa uuman kanneen aadaawwan, sanyiiwwan, fi afaanota hunda ofitti simatan waliin miiltoo ta'uu barbaada, akkasumas walitti fufinsaan oomishoota ho'aa ta'an ollaawwan bakka namoonni dursi kennamuuf jiraatanii fi hojjetan keessatti ni qopheessa. Neetwoorkiin daldaloota keenya yeroo ammaa hidhata suupparmaarketii tokko, daldaloota nyaata xiqqaa shan, akkasumas gabaa qotee buloota Seattle keessa jiraatanii of keessatti dabalata. Bara 2021, **hidhatoota Suuppartmaarketii haaraa sadi ta'an ni filanna akkasumas/yookin kuusaawwan nyaataa nama dhuunfaadhaan qabaman** akkasumas **daldaloota xixiqqoo hanga saddeetii ta'an ni filanna**. Adeemsi filannoo fi gucni fedhii ittiin agarsiisan dookimentii kana keessatti daldaloota nyaata xiqqoo ta'an qofaafidha. Kuusaa Suupparmaarketii fi Nyaataatiif adeemsi filannoo fi iyyannoo [bakka kanatti ni argama](#) .

## II. DALDALTOOTA NYAATAA XIQQOODHAAF ILAALCHA WALIIGALAA ADEEMSA ITTIN FILATAMANII

Kaayyoon ijooon babal'insa kanaa lakkoofsa daldaloota nyaataa xiqqoo, of-danda'oo ta'an kan bakka maamiltoonni Fresh Bucks itti fayyadamanii, daldaloota aadaadhaan nyaata adda ta'e dhiyeessan fi/yookin kanneen ollaawwan dhiyootti argaman ta'anii kanneen nyaata ho'aa ta'e seeraan argachuu hin dandeenye akkasumas daldaloota Fresh Bucks duraan jiran irratti xiyyeeffachuudhaan babal'isuu irratti kan xiyyeeffatedha (odeeffannoo dabalataaf fuula 4 ilaalaa). Daldaloota nyaataa xiqqoo akka hundeeffamoota of-danda'uudhaan bu'ureeffamanii, bakka nyaata garaagaraa gurguruun kutaa cimaa moodela daldalichaa itti ta'etti akkasumas galiin isaanii waggaadhaan akka Magaalaa Seattle itti gabaafametti \$2 miiliyoona caalu akka hin qabnetti hiikna. Kunis, qofaa isaa osoo hin taane gabaawwan xixiqqoo, kan aadaadhaan nyaata adda ta'e qaban, akkasumas dhaabbii lafaa isaanii of keessatti haammata.

## Adeemsa filannoo

Adeemsa sadarkaa lamee armaangadii keessatti daldaltoota xixiqqoo hanga saddeetii ta'uu danda'an ni filanna:

**Sadarkaa 1: Gamaggammii Gucoota Fedhii ittiin agarsiisan.** Iyyannoo galchuudhaaf, qinxaabdonni nyaata xiqqaaa dursa guca fedhii ittiin agarsiisan guutanii deebisuu qabu [kunis asitti argama](#) . Mariin hojjettoota fi hawaasa maamiloota Magaalaadeebiiwwan seera qabeessummaaf kennaman ni qoratu, filannoo ni gaggeessu, akkasumas itti faayidaa sagantaa ni kennu (qinxaabdonni nyaata aadaadhaan itti dhiyeenya qabu dhiyeessan akkasumas/yookin ollaawwan dursi kennamuuf keessa jiraatan fuula 4 keessatti eeramanii jiru). Haala teessuma lafaafii Aadaa garaagaraatiin keessummoota Fresh Bucks seeraan keessummeessuuf, adeemsi gamaggammiiichaa gamaggammii fedhiwwan daldalaa guutuu neetwoorkii daldalaa Fresh Bucks of keessatti ni dabalata. Kaayyoon keenya keessummoota Fresh Bucks 'f oomishoota kichuu ta'an bakka itti argatanii fi aadaadhaan filannoowwan jiran hunda dhiyeessuudha.

**Sadarkaa 2: Doowwannaawwan Bakka Hojii.** Daldaltoonni Sadarkaa 1 keessatti filataman daawwannaa bakkee hojii irratti akka hirmaataniif ni affeeramu. Hojjettoonni Fresh Bucks waayee sagantichaa sirritiin ibsuudhaaf akkasumas qophaa'inaa fi dandeettii kuusaa qorachuudhaaf, to'annaa oomishuudhaaf, akkasumas hirmaannaa hawaasaatiif daldaltoota filataman bira deemuudhaan ni doowwatu. Doowwannaan bakkee hojii qunnamtiiwwan afaan filatamaa kuusaa keessa jiruutiin gaggeeffama. Doowwannaa bakka hojii booda, gareen Fresh Bucks filannoowwan daldaltoota isa dhumaa ni gaggeessu.

Sagantaalee galmeessii daldaltoota nyaataa xiqqoo filatamaniif akkaataa sadarkaa deeggarsaa isaan barbaachisu fi waliigaltee akkasumas adeemsota qindeessii teeknoolojii irratti hundaa'uudhaan garaagara ta'uu danda'u. Nuti kuusaawwan akka haaraatti filataman keessatti bara 2021-2022 keessaatti siistema e-benefits qabaachuudhaaf karoorsinee jirra. Daldaltoonni nyaata xiqqoo kanneen bara kana hin filamne ni beeksifamu akkasumas odeeffannoon isaanii adeemsota filannoo garafuulduraatiif ol-kaawamanii turu

## III. ULAAGAALAA SEERA QABEESSUMMAA

Daldaltoonni xiyyeeffannoo keessa galuudhaaf dirqama ulaagaalee armaan gadii guutuu qabu. Dabalataan, daldaltoonni dirqama yoo xiqqaate ramaddiiwwan aadaa dhaan adda ta'an adda baafachuu qabu **YOOKIN** yoo xiqqaate ollawwan filatamoo kan gabatee armaan gadii keessatti eeraman keessaa tokko tajaajiluu qabu.

### Ulaagaalee Barbaachisan

Daldaltoonni dirqama seera qabeessa ta'uudhaaf ulaagaalee armaan gadii **HUNDUMAA** guutuu qabu.

- Akkuma daldala waliigalaa fi hojii (business and operations, B&O)keessatti gabaafametti Damee Faayinaansii fi Tajaajiloota Bulchiinsaa (Department of Finance and Administrative Services) galiin wagga daldaltoota isaanii doolaara miliyoona \$2 kan hin caalle ta'e Mootummaa Seattle iif gibira kaffalu.
- Daldalaan eeyyama daldalaa Magaalaa Seattle isa sirrii ta'e qaba.



- Daldalaan Lakkoofsa Adda Baaftuu Kaffaltii gibiraa qabu akkasumas yeroo gaafatamanitti guca IRS W-9 deebisanii galchuu danda’u.
- Daldalaan walitti fufinsaan yoo xiqqaate inventory oomisha kichuu gosa 10 ta’e<sup>1</sup> of keessaa qabaachuun tura.
- Daldalaan appilikeeshinii adeemsa Fresh Bucks deeggaruudhaaf Wi-Fi yookin Daataa moobaayilii qaba

**Ollaawwan Dursi kennamuufi nyaatota aadaisaaniitiin adda ta’an**

<p><b>Gabatee 1:</b> Daldaltoonni dirqama yoo xiqqaate kutaalee rammaddii aadaa tokko adda baafachuu qabu <b>YOOKIN</b> yoo xiqqaate ollaawwan dursi kennamuuf kanneen gabatee kana keessatti eeraman tajaajiluu qabu.</p>	
<p><b>Giroosariwwan Aadaadhaan Addatti Dursi Kennamuuf</b></p>	<p><b>Ollaawwan Dursi Kennamuuf</b></p>
<ul style="list-style-type: none"> <li>• Giroosariwwan Eeshiyaanotaa</li> <li>• Baha Aafrikaa fi/yookin giroosariwwan Halaal</li> <li>• Giroosariwwan Latinx</li> </ul> <p>Giroosariwwan aadaadhaan addatti bahan kunniin sarveeyii 2020 kan maamiltoota Fresh Bucks keessatti adda baafamanii jiru akkasumas karaa haasawa dhaabbilee hawaasaa kanneen Fresh bucks waliin miiltoo ta’aniiti.</p> <p><i>*Yaadachiisa:</i> Giroosariwwan asitti eeraman kanneen ulaagaalee barbaachisan guutaniis seera qabeessa ta’u, yoo ollaa dursi kennamuuf keessa jiraachuu baataniyyu.</p>	<p><b>Ollawwan Dursi 1 ffa Kennamuuf:</b></p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• South Park, Delridge, High Point, Georgetown</li> <li>• Bitter Lake, Haller Lake, Lake City</li> <li>• International District, Beacon Hill, Central District, fi Belltown</li> </ul> <p><b>Ollawwan Dursi 2 ffaa Kennamuuf:</b> Baafata Sirrummaa Sanyii fi Hawaasummaa (Race and Social Equity Index, RSE) ollaawwan dursa olaanaa ta’e qaban(Kaartaa ibsa dabalataa A keessatti ilaalaa)</p> <p><i>Ollawwan Dursi 1 ffa Kennamuuf jechuun</i> bakkeewwan maamiltoonni Fresh Bucks kan oomishoota kichuu(ho’aa) ta’an argachuudhaaf hanqina qabani fi/yookin daldaltoonni Fresh Bucks baay’inaa qaban bakka jiraatanidha.</p> <p><i>Ollawwan Dursi 2 ffa Kennamuuf</i> kanneen <a href="#">baafata RSE</a> Magaalaa Seattle iin adda baafamanii akka naannoowwan baay’inni olaanaa jiraattotaa galii gadi’aanaa ta’e itti argatanii fi garaa garummaa fayyaa fi sanyiidhaan walqabataniin dhiibbaan irra qaqqabe baay’inaan jiraatanidha. Dursi daldaloota Ollawwan Dursa 1 ffa qabaaniitiif kennama. Kaartaa RSE fi odeeffannoowwan dabalataa ollaawwanii baay’ee argachuudhaaf Odeeffannoo Dabalataa A kan ilaalaa.</p>

<sup>1</sup> Gosti omishaa kan ibsu omishaalee gosa garagaaratii, omishaa adda gosa tokko jechu miti. Fakkenyaaf, appilliin akka omishaa tokkoti ilaalama yoo kuusichii goosa appilli heeduu qabaateelle.



	<p><i>* <b>Yaadachiisa:</b> Daldaltoonni nyaata xixiqqoo kan naannoowwan armaan gadii keessa isa tokko irratti argamu kan ulaagaalee barbaachisoo kannen biroos guutan seera qabeessa ta'u, yoo akka giroosarii aadaadhaan addatti dursi kennamuufitti adda baafamuu baatan iyyu.</i></p>
--	---

#### IV. Tariiba Yeroo fi Sagantaalee Odeeffannoo

Kanneen armaan gadii tariiba yeroo filannoo, bakka guca fedhii keessan ibsu itti galchitan, akkasumas sagantaalee odeeffannoodhaaf akkamitti akka galmooftan irratti ilaalcha waliigalaa isiiniif dhiyeessa.

##### Gabatee 2: Tariiba Yeroo Filannoo

Sochii	Guyyoota
<p><b>Sagantaalee Odeeffannoo Varchuwaalii(toora irraa)</b> Sagantaaleen odeeffannoo daldaltootaaf waayee Fresh Bucks fi adeemsa filannoo isaa irratti gaaffii qaban gaafachuudhaaf carraa gaariidha. Odeeffannoo dabalataa fi liinkiiwwan galmee armaan gaditti argamu.</p>	<p>Kamisa, Eebla 8, 2021 sa'aatii 1:00 p.m irratti.  Kamisa, Eebla 29, 2021 sa'aatii 3:00 p.m irratti</p>
<p><b>Guyyaan xumuraa guca fedhii ittiin agarsiisanii</b> Gucoonni agarsiisa fedhii <a href="#">asitti argamu</a> akkasumas dirqama sa'aatii 11:59 p.m irratti deebi'anii galchamuu qabu. Gucoonni karaa oonlaayinii(toora irraa) yookin bilbilaan karaa 206-256-5503 galchuun ni danda'ama. Yeroo bilbiltan, maaloo ergaa afaan isin dubbattan agarsiisuu ol kaa'aa, akkasumas nutis turjubaana afaanii waliin deebisnee isiniif bilbilla.</p>	<p><b>Jimaata, Caamsa 14, 2021 sa'aatii 11:59 p.m</b></p>
<p><b>Daawwannaawwanii fi gamaggammiiwwan bakkee hojii</b> Marii hojjettoota Magaalaa akkasumas miiltoowwan hawaasaa qeenxabdootni akka gara sadarkaa adeemsa filannoo doowwannaa bakka hojiitti adeemuudhaaf gucoota agarsiisa fedhii ni gamagamma. Yeroo daawwanna bakkeewwan hojii, waayee sagantaa Fresh Bucks irratti odeeffannoo dabalataa isiniif kennina akkasumas qophaa'ina kuusaawwanii fi saganticha hojii irra oolchuudhaaf dandeettii isin qabdan, to'annaa oomishaa fi hirmaannaa hawaasa keessanii ni qoranna. Doowwannaan bakkee hojii qunnamtiiwwan afaan filatamaa kuusaa keessa jiruutiin gaggeeffama.</p>	<p>Waxabajjii - Adoolessa</p>



<p><b>Gamaggammii qorannoowwanii fi filannoo bakka hojii</b></p> <p>Gamaggammiiwwanii fi kenninsa dursaa daldaltoota filannoodhaaf gareen Fresh Bucks doowwannaa bakka hojii jiru ni madaaluu.</p>	<p>Adoolessa</p>
<p><b>Daldaltoota filatamanii fi beeksifaman</b></p> <p>Kuusaawwan filataman waayee filannoo bona darbee keessa turee ni beeksifamu. Kuusaawwan kanneen hin filatamne bara 2021 tarreeffama keessa kaawamuu akkasumas waayee adeemsa filannoo gara fuulduraa irratti odeeffanno haaraa ni argatu.</p>	<p>Hagayya</p>
<p><b>Maamila gara hojii itti fiduu</b></p> <p>Adeemsi fidinsa deeggarsa jalqabbii qorachuu fi barbaachisummaa dandeettii kuusaawwan hundaaf jiru, waliigaltee fi koontiraata mallatteessuu, kuusaa keessatti siistema e-benefit qindeessuu, akkasumas hojjettoota leenjisu of keessatti dabalata.</p>	<p>Gara hojiitti fiduun jalqaba arfaasaa 2021 irratti eegala. Tariibni yeroo kuusaa sadarkaa deeggarssaa irratti barbaachisu fi adeemsota koontiraataa fi qindeessiiwwan teeknoolojii irratti hunda'uuun garagara ta'uu danda'a.</p>

## Sagantaalee odeeffannoo

Daldaltoonni fedhii qaban sagantaalee odeeffannoo hojjettoota Fresh Bucks dhaan dhiyaatan lamaan keessa isa tokko irratti akka hirmaataniif ni jajjabeeffamu. Sagantaaleen odeeffannoo daldaltoonni gaaffilee akka gaafatanii fi ilaalcha waliigalaa carraa fi adeemsa filannoo miiltoowwanii akka dhaggeeffataniif carraa isaaniif kenna.

Sagantaaleen kunniin karaa Varchuwaalii(toora) irraa gaggeeffamu, filannoo karaa bilbilaa fi oonlaayinii hirmaachuus of keessatti dabalachuudhaan. Turjubaana afaanii fi qabeenyotni biro akka gaaffii keessaniitti isiniif dhiyaatu. Daldaltoonni liinkiiwwan armaan gadii fayyadamuudhaan qophii hundaafuu waantota barbaachisan qindeessuudhaaf yeroo kennuudhaaf torbee tokko dursuudhaan yoo xiqqaate torbee tokko dura galmaawuu qabu.

### Guyyaawwan fi Saa'aatiiwwan Sagantaa

- Kamisa, Eebla 8, 2021 sa'aatii 1:00 p.m irratti. | Maaloo [bakka kanatti galmaa'aa](#) hanga Eebla 5, 2021 Yoo waantota barbaachisan argachuu barbaaddan.
- Kamisa, Eebla 29, 2021 sa'aatii 3:00 p.m irratti. | Maaloo [bakka kanatti galmaa'aa](#) hanga Eebla 22, 2021 Yoo waantota barbaachisan argachuu barbaaddan.

## V. Qindeessii E-Benefit fi Qabeenyota jalqabbii Hojii Daldaltoota Filatamaniif

Siistema e-benefit isaa haaraatiin, maamiltoonni Fresh Bucks faayidaalee ji'aa isaanii kaardii debit fi/yookin appilikeeshiini moobaayilii isaanii irratti ni fudhatu. Daldaltoonni Fresh Bucks xixiqqoo

taableetii yookin appilikeshinii Fresh Bucks qabu fayyadamuudhaan kaffaltii Fresh Bucks isaanii raawwachuu ni danda’u. Armaan gaditti waayee qindeessii teeknoolojiin wal-qabatee, kaffaltiiwwan isaan wal-qabatan irratti, akkasumas deeggarsa Magaalaa keessaatiin walqabatee daldaloota filatamniif akka dhiyeeffaman bal’inaan ibsa.

### Gabatee 3: Teeknooljii, Kaffaltiiwwan akkasumas Deeggarsa Argaman

Teeknooljii E-Benefit	Kaffaltiiwwan Qindeessii Teeknooljii	Deeggarsi ni Argama
<p><b>Appii Mobaayilii</b> Gurguraan E-benefit, Soolutran, appilikeeshinii dijitaalaa kan siistema qabxii gurgurtaa(Point of Sale, POS) taableetii irratti hojjetu dhiyeessuu akkasumas galmeessii maallaqaa(Cash register) ni dhiyeessa.</p>	<p>Teeknoolojiin e-benefit hayyama waggaa fi kaffaltiiwwan daddabarsii barbaada. Magaalaan Seattle daldaltoonni xixiqqoo baasiiwwan kan akka haguuganiif deeggarsa maallaqaa ni kenna Fakkeenyaaf, Magalichi kan haguuguu:</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Kaffaltiiwwan hayyama wagga, hayyama tokko keessattii fayyadamtoota addaa hanga 5 ta’aniitiif ni dhiyeessa.</li> <li>• Kaffaltiiwwan daddabarsii maallaqaa hanga \$500/gurguraa/waggaatti (kunis wagga keessatti naannoo daddabarsiiwwan 3,333 kan ta’udha)</li> </ul> <p>Daldaltoonni hayyamaa fi kaffaltiiwwan daddabarsii jiran kanneen kaffaltiin isaanii daangaa kana irra darbuu kaffaltichaaf ofii isaaniitiif itti gaafatamaa ta’u. Baasiiwwan akkaataa kuusaa jiruutiin garaagara ta’u, kanaafuu Magaalichi tilmaammii isa baay’ee ifa ta’e miiltoowwan filatamaniif akka adeemsa fidinsa gara hojiitti ni dhiyeessa. Kuusaawwan taableetii(wwan) fi/yookin moobaayilii(wwan) adeemsa e-benefit kana gaggeessuudhaaf bakka</p>	<p>Kaffaltii bilisa taasisuu garee “kaffaltiiwwan” jalatti eerame irratti dabalataan, Magaalaan Seattle deeggarsoota armaan gadii ni dhiyeessa:</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Gargarsaa baasii jalqabaa saganticha hojiirra ittin oolchaan gochuuf, magalichi qeenxaabdotaaf kanfaltii tajajilaa wagga waggadhaan wagga lamaaf kan \$3,500 <b>hin dabaree</b> ni taasisa.</li> <li>• Hojjetoni Fresh Bucks magaalaa Seattle qeenxabdota fi e-fayyadamtoota gidduti akka wal qunamsistuuti hojjetuu yeroo dhimmichi karaa irra jiru fi leenjii hojjetoota mana kuusaatiif kenanu.</li> </ul>

	dhaabbatanii hojjetan sanatti qabaachuun isaan barbaachisa	
--	--	--

## VI. Ulaagaalee Qeenxabdoota filatamaniif

Qeenxabdoota walin hojjetoota Fresh Bucks ta'uuf haala Kanaan filatamaniif magaala Seattle walin akka waligalte ummanii fi e-fayadamtoota akka fudhatanii fi maamiltoota Fresh Bucks kanfaltii irra deebin ni taasisu. Qeenxabdootni yeroo haromsaa waggaa irrattii argamu qabu. galmi keenya qeenxabdoota walin hojjetoota keenya walin waligaltee ulaagaalee haromsa waggaa guutan maamiltoota Fresh Bucks walin beekamoo ta'an taasisuudha.

**Qeenxabdootni filataman** dirqama ulaagaalee armaan gadi guutuu qabu.

- maagaalaa fi e-fayyadamtoota lakkofsa kanfalaa gibiraa, foormii IRS W-9 fi odeefannoo inshuraansii haala gaafatameen, akkasumas dookimantoota e-fayyadamtoota kanfaltii irra deebi barbaachisu ni siireesu.
- Baasii teeknooloojiin walqabatee kan kanfaltiin ala ta'ee fi human fandii Magaalaan Seattle dhiheessu ol kan ta'e(gabaate 3 irratti ibsame jira) ni baasuu.
- Fresh Bucks fayadamuun haala hawataa fi miira siirriin ittin daldalan namootaf ni umma ni sireesa, kasheerota namati dhihatanii fi beekumsa qaban dabalate.
- Biraandii, loogoo fi meeshaalee daldala Fresh Bucks fayadamii haala duura duuba Magaala Seattle iti. Meeshaaleen kamiyyuu kan qeenxabdootan kalaqaman fi loogoo Fresh Bucks qaban dirqama waliin hojjetootan kalaqamanii Magaala Seattliin mirkana'uu qabu.
- Haala sistama e-fayyadamtoota fayadaman, haala hojii Fresh Bucks fi akkaata maamiltootni haaraan fayadaman manajeerooni, kasheerooni fi bakka bu'ooni tajaajila maamiltootaa leenjii jalqaba fi itti fufaa akka argatan mirkaneefadhu. Kuni leenjii Magaalichi dhiheesse irratti hirmaachuu fi hojjetoota haaraaf leenjii qopheesuu ni dabalata.
- Adeemsa Fresh Bucks to'aadhu sababni isaas akka waantotni barbaachisoon(kuduraa fi muduraa) fayyadama Fresh Bucks bitama jiran mirkaneefachuuf.
- Sagantaa fi polisii hunda hordofii sakkata'ii fi rakko jiruu saganticha akka sirresaniif Magaala Seattle beeksiisi.

Akka kutaa waligaltee kanaatti, **Magaala Seattle** ni dhiheessaa:

- Leenjii jalqabaa fi meeshaalee hojeetoota qeenxabdootaaf haala fayyadama e-fayyadamtoota fi adeemsa irratti maamiltoota gargaaruuf. Kuni ibsaa fi leenjii-leenjiistootaa, akkasumas meeshaalee leenjii qooqa barbaachisaa ta'een hikaaman ni dabalata.
- kanfaltii tajaajilaa wagga waggadhaan wagga lamaaf kan \$3,500 hin dabaree, baasii jalqabaaf kana sagantiicha hojiirra oolchuuf ooluu.
- Eeyyama kanfaltii kan hin barbaachisneef fayyadamtoota adda addaa shan fi kanfaltii adeemsa hanga \$500 dhiheessi tokkon, wagga waggadhaan (kunimmoo hanga dhihessi 3,333 ta'a, waggadhaan).





**Seattle**  
Office of Sustainability  
& Environment



- Dizzayiinii meeshaalee daldalaa akka qeenxabdootni fayyadama Fresh Bucks beeksiisan gargaara.
- Gargaarsa teeknikaa hoojii irra jiru akka hojiirra oolmaan e-fayyadamtoota milkaa'ee ittiin mirkaana'uu.

## VII. Gaaffilee Guca Fedhii fi Seera Qabeessummaa Daawwannaa Bakkaa hojii

Garee hojjetoota magaalicha fi waliin hojjetoota haawaasaa akka qeenxabdootni seera qabeessa ta’an adda baasuuf foormii feedhii ni ilaaluu fi akkataa feedhiin maamiltoota Fresh Bucks walitti hidhinsa qeenxabdoota garaagaraatiin guttamu ni ilaalu. Gaaffiin oormiin feedhii akkaataa qeenxabdootni seera qabessa ta’ani fi saayitichaaf duursa keenanin odeefanoo walin armaan gadiitti ta’eera. Adeemsi to’anoo qaawaa neetwoorkii Fresh Bucks, akkamiin akka kuusaaleen heeduun maamiltoota Fresh Bucks omishaalee gaarii ittiin dhiheesani fi filanoowaan danda’aaman ittin agarsiisan ni dabalata.

Gaaffilee Guca Fedhii	Barbaachisumaa/qorannoo ulaagaalee
<p>Maqaa qeenxabaa: Qunnamtii Jalqabaa: Wamama qunamtii: Lakkofsa bilbilaa Qunamaamaa: Lakkoofsa bilbilaa lamataa(dirqama miti): Afaan filatamaa qunamaa: Emeeyilii qunamaa (dirqama miti):</p>	<p>Odeefanoon adda baasaa qeenxabdoota kuusaa filatama qunamuuf dawwanaa baakkee fi qooqa filatan adda baasuuf gargaara.</p>
<p>Maaloo tessoo(wwan) qeenxabaa nuuf keena:</p>	<p>Teesoon(wan) qeenxabdoota dhiihoo yookiin (fageenya mayilii 0.25) kessa jiraachuu adda baasa <i>duursa 1 or dursa2 Ollaawwan</i> (gabatee A irra kaartaa ilaalii yookin gabatee fuula 4). Seera qabessa ta’uuf, qeenxabdootni dirqama yoo xiqqatee aadaadhaan garee giroosarii <b>YOOKIN</b> dursaan oolaa isaan yoo xiqqatee al tokko tajaajilu qabu</p> <p>Teesoo fi bakken qeenxabdoota dhiheenya bakka dhaabii tajaajila dandii hawaasaa irraa qabu adda baasuuf gargaara. Qeenxabdootni dhiihoo jiran dursa argatu.</p>
<p>Eyyama daldalaa Magaala Seattle ni qabdaa? Maaloo lakkofsa eyyamicha dhiheessi</p>	<p>Eyyamni daldalaa qeenxabdichi akka magaalichati galma’ee adda baasuuf gargaara. Seera qabessa ta’uuf, dirqama eyyama daldalaa magaalaa Seattle qabaachu qaba.</p>
<p>Fayidaa Fresh Bucks argachuuf kuusaa kee kessatti Wi-Fi tableeti yookiin mobayillidhaan fayyadamsiisu ni qabdaa?</p>	<p>Adeemsa Fresh Bucks fayadamuuf Wi-Fi yookiin kooneekshini mobaayila amanamaa ta’ee si barbaachisa.</p>



Gaaffilee Guca Fedhii	Barbaachisumaa/qorannoo ulaagaalee
	Seera qabessa ta’uuf, kuusaaleen dirqama Wi-Fi yookin kooneekshini mobaayila amanamaa ta’ee qabachuu qabu.
Daldalli keessan yoo xiqqaate %51 dubartootaa fi/yookin gareewwan gadiiaano ta’aniin dhuunfatamee jiraa?	Magaalli Seattle kan ibsu Daldaala Dubartoota fi kan gargaarsi barbaachisu (Women and Minority Owned Businesses, WMBE) yoo xiqqaatee abban qabeenyumaa isaa 51% kan dubartoota yookiin kan gargaarsi barbaachisuu ta’u qaba. Magaalli Seattle si’aayinaan walitti hidhinsa kontrakteroota WMBE walini ni gargaara. Qeenxabdootni ulaagaalee kan guutan dursa qabu.
Guyya keenameeti omishaalee meeqaa kuusaa kee kessa qabda?	Seera qabeessa ta’uuf, kuusaaleen walitti fuufiinsaan yoo xiqqaatee omishaalee gosa 10 qabachuun dirqama. Qeenxabdootni omisha gosa 10 ol qaban dursa ni argatu.
Omishaalee fi giroosaari addaa kan aadaan yookiin safuun fedhii nyaata guuan gurgurtaa? Yoo akkas ta’e, aadaa, safuu fi feedhii nyaata kamtuu akka kuusaa kee bakka bu’ee nuuf ibsi.	<p>Giroosariwwan aadaadhaan addatti bahan kunniin sarveeyii 2020 kan maamiltoota Fresh Bucks keessatti adda baafamanii jiru akkasumas karaa haasawa dhaabbilee hawaasaa kanneen Fresh bucks waliin miiltoo ta’aniiti.</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Giroosariwwan Eeshiyaanotaa</li> <li>• Baha Aafrikaa fi/yookin giroosariwwan Halaal</li> <li>• Giroosariwwan Latinx</li> </ul> <p>Seera qabessa ta’uuf, qeenxabdootni dirqama yoo xiqqaatee aadaadhaan garee giroosarii <b>YOOKIN</b> dursaan oolaa isaan yoo xiqqaatee al tokko tajaajilu qabu</p>
Qeenxaabaa Fresh Bucks ta’uuf maaliif barbaadee?	Deebiin gaafii kana garee Fresh Bucks haala qeenxabdootni saganta isaanii fi abdii/sababa waliin hojeetaa Fresh Bucks ta’aan beekuuf gargaara.
Qeenxabaa nyaat xixiqaa seera qabeessa ta’uuf, gaaliin waggaa daldaala kee kan Seattle dirqama \$2 miliyoona darbuu hin qabu. Galii waggaa daldalaa waligaalaa fi taksii hojii (B&O) kan Qajeelcha Faayinaansii fi Tajaajiloota Bulchiinsa (Department of Finance and Administrative	<p>Taaksii B&amp;O kee galii waggaa kee beekuuf gargaara.</p> <p>Seera qabessa ta’uuf, galiin waggaa kuusa kee \$2 miliyoona darbu hin qabu.</p>




Gaaffilee Guca Fedhii	Barbaachisumaa/qorannoo ulaagaalee
Services) Magaalaa Seattle guutameen sakkataana. Guca fedhii kana guutuun, Waajjira itti Fufinsaa fi Naannoo (Office of Sustainability & Environment) Magaalaa Seattle akka oddeefanoo taaksi B&O daldaala kee guttame sakkata'uuf aangoo keeniteef.	

**GABATEE A: 2021 oolaa dursaa qeenxabdoota xixiqaa**

Kana gaditti dursaa guudaa sanyii fi walqixumaa haawaasaa kan oolumaa fi odeefanoo dabalataa oollaa kana omishaa haaraa argatan fi kan Kanaan dura ture kan qeenxabdoota Fresh Bucks argatan.

**Ollummaa Dursa Qeenxabdoota Fresh Bucks 2021**





**Dursa 1 Ollaawwan** omishaa haaraatiif argano danga’aa fi qeenxabdoota kan Fresh Bucks kan turef, kan dabalatan assitti ibsame:

- **South Park, Delridge, High Point, fi Georgetown.** Ollaawan kun Fayyaa Haawaasaattiin adda bahan – Seattle fi King County dhiibaa ijoo sadan kan nyaata fayya qabeessa midhan – lakkofsa guddaa kan qaban immo galii gaddi aanaa qabu, deemsaa gara nyaata fayya qabeessaa fageenya qaba, fi qeenxabdootni dhibbantaa baay’ee nyaata fayya qabeessa hin taanee qabu.<sup>2</sup> Ollaawwan afran kana keessaatti qeenxabdoota Fresh Bucks lama qofatuu jiru.
- **Bitter Lake, Haller Lake, Northgate, fi Lake City.** Ollaawwann Seattle gara Kabaa kan USDA adda bahe kan suparmarkeetiin dhiheenya maayilii walakaati gadi ta’e jiru kana fayyadamtootaaf beekamee. Dabalataan, gabaasa isaanii [2019 Argama Nyaata Fayya Qabeessa](#), Fayyan Hawaasaa akka adda baaseetti naanoo murtaa’oon olluummaa galii gaddi aanaa waan qabaniif nyaata fayya qabeessa argachuuf ni rakkisa. Bakke sanatii qeenxabaa Fresh Bucks tokko qofatu jira.
- **International District, Beacon Hill, Central District, fi Belltown.** Oomiishni duran jiru fi filaanon Fresh Bucks akka International District, Central District, fi Belltown baay’inaan gabaa qonaan bultootaatti fi yeroo dhabiin qonnas murtaa’adha. Gartuun Beacon Hill qeenxabdoota Fresh Bucks hin tajaajilamne.

---

<sup>2</sup> Kuni akka xinxala daataa 2019 PHSKC’tti [Argama Nyaata Fayya Qabeessa fi Gaabaasa Neetwoorkii Baankii Nyaataa](#). Mariin naanoo dursaa nyaata fayya qabeessa ta’ee gabaasicha irrattii fuula 23 irratti argama.